# Teessoo dhaabbataa osoo hinqabaatin filachuu

## Ragaa bakkee jireenyaa

Filachuudhaaf galmaa'uuf teessoo yeroo ammaa qabaachuu isin barbaachisa (fkf, bakkee bultii, mana hiriyaa keessanii, bakkee/diida, kkf.).

Teessoo alaatiif, kutaa qaxxaamuraa daandii fi ibsa bakka ciistanii barreessaa (fakkeenyaaf, Golee Kibba Lixaa Loring Park naannoo walquunnamtii Hennepin Ave. fi Oak Grove St.).

Guyyaa Filannootti, hojjettoota dhaabbatichaa ykn filataa galmaa'e naannoo keessanii fiddanii bakka isin kennitan keessa akka jiraattan dhuunfaan beekuu isaanii kakachiistanii ragaa baasisuu ni dandeessu. Adeemsi kun kakaan ragaa baasifachuu (vouching) jedhama.

## Galmeen filannoo keessanii filannoo irratti mormii keessa galuu danda'a, garuu ammallee mirga filachuu qabdu

Teessoon keessan mirkaneeffamuu hin danda'u yoo ta'e, "bakka filannootti rakkachuu" maltu. Yooma ta'e iyyuu filachuu ni dandeessu. Abbootiin seeraa bakka filannoo keessanii kakaa bakkee jireenyaa isin kakachiisu.

## Karoora filannoo baafadhaa

Bakkeewwan filannoo ganama sa'a 7 hanga galgala sa'a 8 tti banaadha.

Galgala keessaa sa'aatii 8 p.m.tti hanga isin sarara irra jiraattanitti filachuu ni dandeessu, hanga sa'aatii 8 p.m boodaatti sarara fuulduraarra yooma hin geenyellee, sagalee kennuu ni dandeessu.

## Filachuuf galmaa'uuf deeggarsa ni barbaadduu?

Ogeessi mana kitaabaa naannoo keessanii isin gargaaruu ni danda'a. Ykn hennepin.us/elections daawwadhaa.

Bakkee filannoo keessanii argachuu barbaadduu? pollfinder.sos.state.mn.us daawwadhaa.

## Filachuu danda'uudhaaf, ... qabdu:

1. Lammii U.S. ta'uu;
2. Umuriin keessan Guyyaa Filannootti yoo xiqqaate 18 ta'uu,
3. Guyyoota 20'f jiraataa Minnesota ta'uu;
4. Murtii yakka cimaatiin hidhaarra jiraachuu dhiisuu;
5. Mana murtiitiin gama seeraatiin ga'umsa akka hin qabnetti lakkaa'amuu dhiisuu

## An filachuu nan danda'aa?

Teessoo dhaabbataa hinqabu, bakkee ykn konkolaataa keessan jiraadha yoon ta'e?

EEYYEE

Yakka salphaa ykn giddugaleessaatiin himatamee ykn natti murtaa'een jira yoon ta'e?

EEYYEE

Mana hidhaa keessan jira yoon ta'e, ykn himannaa ykn murtiin eeggataa jira yoon ta'e?

EEYYEE

Hordoffii fi haaldureedhaan hawaasatti makamee osoon jiruu/hidhaa osoo hin xumurin haaldureen gad-dhiifamee osoon jiruu hidhaarran jira, garuu murtii yakka cimaatiin hin hidhamne yoon ta'e?

EEYYEE

Yakka cimaadhaan himatameen jira, garuu natti hin murtoofne yoon ta'e?

EEYYEE

Murtoon hidhaa hingalmoofnee yoo naa kenname?

EEYYEE

Murtoo hidhaa bulchiinsa kutaa biyyaa biraa keessaatiifan yeroo hidhaa osoo hin xumurin haaldureenan gad dhiifame ykn hordoffii fi haaldureedhaanan hawaasatti makame yoon ta'e?

EEYYEE

Yeroo ammaa yakka cimaarraa kan ka'e hojii hojjechuufan gad dhiifamee jira (work release), ykn manattan hordofamaa jira, ykn hordoffiidhaan hawaasa keessa akkan jiraadhu taasifameen jira, ykn osoon yeroo hidhaa kiyyaa hinxumurin haaldureedhaan gad dhiifameen jira yoon ta'e?

EEYYEE

Murtii yakka cimaa federaalaan natti murtaa'eef hidhaa osoo hin xumurin haaldureedhaan gad dhiifameen jira ykn hodoffiidhaan hawaasatti makameen jira yoon ta'e?

EEYYEE

Murtoo yakka cimaatiin mana hidhaa, mana hojii (workhouse), ykn Mana Amala Sirreessaa Ga'eessotaa seeneen jira yoon ta'e?

LAKKII

Yeroo ammaa kana mana hidhaa mootummaa naannoo ykn federaalaa keessatti murtii yakka cimaatiinan hidhamee jira yoon ta'e?

LAKKII


**Bilbila**

612-348-5151

voteroutreach@hennepin.us

Sa'atii hojii:

Wiixataa hanga Jimaataatti ganama sa'a 8 hanga waaree booda sa'a 4:30 tti.

Hennepin